Waggaa20ffaa Lak………...147 / 2004
20ኛ ዓመት ቁጥር………….147/2004
20th year No………………..…..147/2012

Finfinnee.…...Onkololeessa19/2004
ፊንፊኔ…………....ጥቅምት19/2004
Finfine…………....October,29/2012


# MAGALATA OROMIYAA
# መገለተ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA



| | | |
|---|---|---|
| Gatii Tokkoo_____________<br>ያንዱ ዋጋ_____________<br>Unit Price________________ | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin kan Bahe<br>በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ | Lakk S. Poostaa__________<br>ፖ.ሣ. ቁጥር__________<br>P.O.Box__________ |



| | | |
|---|---|---|
| **Qabeentaa**<br>Dambii Lak. 147/2004<br>Dambii Sirna Kenniinsa Hayyama Ogummaa, To'annoofi Hordoffii Dhaabbilee Aadaafi Tuurizimii Murteessuuf Bahe | **ማውጫ**<br>**ደንብቁጥር 147/2004**<br>**የባህልና ቱሪዝም ድርጅቶችን የሙያ ፈቃድ አሰጣጥ፣ የቁጥጥርና ክትትል ስርአትን ለመወሰ ን የወጣ ደንብ** | **Content**<br>**Regulation No. 147/2012**<br>**Regulation to Determine System of Providing Profession License, Controlling and Following up of Culture and TourismOrganizations** |
| Dambii Lak. 147 / 2004<br>Dambii Sirna Kenniinsa Hayyama Ogummaa, To'annoofi Hordoffii Dhaabbilee Aadaafi Tuurizimii Murteessuuf Bahe<br>Naannoo Oromiyaa keessatti aadaafi Afaan Oromoo dagaagsuu fi kunuunsuun | **ደንብቁጥር 147/2004**<br>**የባህልና ቱሪዝም ድርጅቶችን የሙያ ፈቃድ አሰጣጥ፣ የቁጥጥርና ክትትል ስርአትን ለመወሰ ን የወጣ ደንብ**<br>በኦሮሚያ ክልል ውስጥ | Regulation No. 147/2012<br>Regulation to Determine System of Providing Profession License, Controlling and Following up of Culture and Tourism Organizations<br>Whereas, it is found necessary to organize and utilize the art |

| | | |
|---|---|---|
| bu'aawwan aartii kan akka fiilmii, tiyaatiraa, muuziqaa, fakkii fi og-barruu fakkaatan haala guddina hawaas diinagdee Naannichaatiif gumaachuu danda'anitti gurmeessuunii fi ittifayyadamuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;<br>Qaamootni kenniinsa tajaajila aadaa fi tuurizimii irratti bobba'an seeroota biyyoolessaa fi naannoo kabajanii akka hojjetan sirna deggarsaafi hordoffii diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;<br><br>Dhaabbileen yookiin qaamoleen tajaajila aadaafi tuurizimii irratti bobba'an tajaajila sadarkaa fi qulqullina isaa eeggate akka kennan dandeessisuunbarbaachisaa ta'ee waan argameef;<br>Akkaataa Labsii Lakk.163/2003 keewwata 65 (2) tiin dambiin kanatti aanu bahee jira.<br>Kutaa Tokko<br>Tumaalee Waliigalaa<br>1. Mata Duree Gabaabaa<br><br>Dambiin kun "Dambii Sirna Kenniinsa Hayyama Ogummaa, To'annoo fi Hordoffii Dhaabilee Aadaa fi Tuurizimii Murteessuuf | **ባህልናአፋን ኦሮሞበማዳበርና በመንከባከብየኪነ-ጥበብ ውጤቶችን እንደፊልም፣ቲያትር፣ሙዚቃ፣ ሥነ-ሥዕልና ሥነ-ጽሑፍ የመሣሳሉትን ለክልሉ ማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ ዕድገት ሊያበረክቱ በሚችሉበት ሁኔታማደራጀትና መጠቀም አስፋላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤**<br>**የባህልና ቱሪዝም አገልግሎት በመስጠት ላይ የተሰማሩ አካ ላትብሄራዊና ክልላዊ ህጎችን አክብረው እንዲሰሩ የድጋፍና ክትትል ስርዓትን መዘርጋት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤**<br><br>**የባህልና ቱሪዝም አገልግሎት በመስጠት ላይ የተሰማሩ ድርጅቶች ወይም** አካሎች **ደረጃውንና ጥራቱን የጠበቀ አገልግሎት መስጠት እንዲችሉ ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘ ቱ፤**<br>**በአዋጅ ቁጥር 163/2003 አንቀጽ 65 ንዑስ አንቀጽ (2) መሠረት የሚከተለው ደንብ ወጥቷል ::**<br>**ክፍል አንድ**<br>**ጠቅላላ ድንጋጌዎች**<br>1. **አጭር ርዕስ**<br>**ይህ ደንብ "የባህልና ቱሪዝም ድርጅቶችን የሙያ ፍቃድ አሰጣጥ፣ ቁጥጥርና** | productslike film, theatre, music, painting and literature through enriching and cultivating the culture and Oromic language in such a way that they can contribute to socio-economic development of Oromia Region,<br>Whereas, it is found necessary to establish a system of supporting and following up so thatbodies engaged in rendering culture and tourism service can work by respecting national and regional laws,<br><br>Whereas, it is found necessary to enable organizations or bodies engaged in rendering culture and tourism service provide standard quality service,<br><br>Now therefore, in accordance with article 65(2) of the Proclamation No. 163/2011 the following regulation is issued.<br>Part one<br>General provisions<br>1. Short Title<br>This regulation may be cited as "Regulation to Determine System of Providing Profession License, Controlling and Following up of Culture and TourismOrganizationsNo. |

Bahe Lakk. 147/2004” jedhamee waamamuu ni danda’a.

2. Hiika

Akkaataan jechicha hiika biroo kan kennisisuuf yoo ta’e malee, dambii kana keessatti:

1) **“Biiroo”** jechuun Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaafi Caasaalee isaa jechuudha.
2) **“Dhaabbilee Tajaajila Aadaa fi Tuurizimii”** jechuun dhaabbata, waldaa yookiin nama dhuunfaa hojii tajaajila aartii fi aadaa, hoteelaa fi tuurizimii, piromooshinii, bashannana adda addaa fi kan kana fakkaatan irratti galii argachuuf kan bobba’e jechuu dha.
3) **“HayyamaGa’umsa Ogummaa”** jechuun ga’umsaa fi qulqullina tajaajila dhaabbileen aadaa fi tuurizimii uummataaf kennan mirkaneessuuf ragaa Biiroon kennamuuf ta’ee, ulaagaalee sadarkaa xiqqaa ka’umsaa irratti hundaa’uun kan kennamu jechuu dha.
4) **“Giddugala Aadaa”**

**ክትትል ስርአትን ለመወሰን የወጣ ደንብ ቁጥ 147/2004**” ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

2. **ትርጓሜ**

**የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ከልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ፡-**

1) **“ቢሮ” ማለት የኦሮሚያ ባህልና ቱሪዝም ቢሮናመዋቅሮቹ ማለት ነው፡፡**
2) **“የባህልና ቱሪዝም አገልግሎት ድርጅቶች” ማለት ገቢ ለማግኘት በኪነ-ጥባብና በባህል፣ በሆቴልና ቱሪዝም፣ በፕሮሞሽን፣ በተለያዩ መዝናኛና በመሳሰሉት አገልግሎት በመስጠት ሥራ ላይ የተሰማራ ድረጅት፣ ማህበር ወይም ግለሰብ ማለት ነው፡፡**
3) **“የሙያ ብቃት ፍቃድ”ማለት የባህልና ቱሪዝም ድርጅቶች ለህዝብ የሚሰጡትን አገልግሎት ጥራት ለማረጋገጥ በቢሮ የሚሰጥ የምስክር ወረቀት ሆነው በአነስተኛ የመነሻ መስፋርቶች ደረጃ ላይ በመመስረት የሚሰጥ ማለት ነው፡፡**

147/2012”

2. Definitions

In this regulationunless the context requires otherwise:

1) **“Bureau”** means Oromia Culture and Tourism Bureau as well as its structures.
2) **“Culture and Tourism Service Organizations”** means organization, associationor individual engaged in rendering service for profit in the field of art and culture,hotel andTourism,promotion, different entertainment and the like.
3) **“Profession CompetencyLicense”** means a certificate given by the Bureau to culture and tourism organizations based on minimum initial standard criteria to insure service competence and quality given to the public.
4) **“Cultural Center”**means an organizationon culture and art service that renders education and entertainment service

| | | |
|---|---|---|
| jechuun dhaabbata tajaajila aadaa fi artii irratti tajaajila barumsaa fi bashannanaa kan akka agarsiisa tiyaatiraa, fiilmii, muuziqaa fi kan kana fakkatan yoo ta'an, agarsiisa fiilmii biyya keessaa fi biyya alaatti oomishaman akkasumas agarsiisa tiyaatiraa adda addaa qopheesuun daawwannaaf waltajjii uummataatti dhiheesuun galii kan irraa argatu jechuu dha. | 4) **"የባህል ማእከል" ማለት** እንደ ቲያትር፣ ፊልም፣ሙዚቃናየመሳሰሉት የትምህርትና መዝናኛ አገልግሎት ሆነው፤ በሀገር ውስጥና በውጭ ሀገር የሚመረቱ ፊልሞች እንደዘሁም የተለያዩ ትያትሮችን በማዘገጀትና ለህዝብ መድረክ በማቅረብ ገቢ የሚያገኝ የባህልና ኪነ-ጥበብ አገልግሎት ድርጅት ማለት ነው፡፡ | such as theatre, film, music; showing of film produced in domestic and foreign country as well as preparing and showing different theatre for public stage to generate income. |
| 5) "Tajaajila Mana Kitaabaa" jechuun dhaabbata dhuunfaa, mana kitaabaa uummataa yookiin kanneen manneen barumsaa fi qaamoota biroo jala jiran osoo hin dabalatiin, tajaajila mana kitaabaa kennuudhaan galii kan argatu jechuu dha. | 5) **"የመጽሐፍት ቤት አገልግሎት" ማለት** የህዝብ ቤተመጽሐፍት ወይም የትምህርት ቤትና በሌላ አካላት ስር ሚተዳደርን ሣይጨምር የቤተ መፀሐፍት አገልግሎት በመስጠት ገቢ የሚያገኝ የግል ድርጅት ማለት ነው፡፡ | 5) "Library Service" means a private organization rendering library service to generate income excluding public library or schoollibrary and those administratedunder other organs. |
| 6) "TajaajilaGodahambaa" jechuun dhaabbata dhuunfaa meeshaalee aadaa, hafteewwan seenaa yookiin hambaawwan, uumee aartiifi hafteewwan qabeenya uumamaa calaqisiisan walitti qabuufi gurmeessuudhaan | 6) **"የሙዝየም አገልግሎት"** ማለት የባህል ዕቃዎች፣የታሪክ ቅሪቶች ወይም ቅርሶች፣ የጥበብፈጠራና የተፈትሮ ሃብትን የሚያንፀባርቁ ቅሪቶችን በመሰብሰብና በማቀናጀት | 6) "Museum Service"means a private organization that collects and organizes cultural objects, historical remains or creative art and remains reflecting natural resources and provides show service for public permanently to generate income.<br>7) "Film Production Service"means an organization that produces films based on history and creative work or documentary film and presents it for public.<br>8) "Theatre Production |

| | | |
|---|---|---|
| dhaabbiidhaan tajaajila agarsiisaa uummataaf kennee galii kan irraa argatu jechuu dha.<br>7) "**TajaajilaPirodaakshinii Fiilmii**" jechuun dhaabbata fiilmii seenaa fi hojii uumee irratti hundaa'e yookiin fiilmii galmargii qopheessuun uummataaf kan dhiheessu jechuu dha.<br>8) "**Tajaajila Pirodaakshinii Tiyaatiraa**" jechuun tiyaatiraafi diraamaa waltajjii irratti agarsiifaman yookiin kanneen raadiyoo fi televizyiniin tamsa'an qopheessuun uummataaf kan dhiyeessu jechuu dha.<br>9) "**Tajaajila Fichisiisaa Alaagaltee fi Raabsaa Fiilmii fi Muuziqaa**" jechuun dhaabbata muuziqaa fi fiilmii adda addaa sagalee fi viidiyoodhaan qindaa'an kaaseettaan,"CD","DVD","VHS" fi maxxansaalee elektirooniiksii biroon biyya alaa irraa fichisiisuun biyya keessatti akka raabsamu kan taasisu jechuu dha.<br>10) "**Tajaajila Istuudiyoo Qophii Fiilmiifi Muuziqaa**"jechuun | **ለህዝብ የማሳየት አገልግሎት በቋሚነትበመሥጠት ገቢ የሚያገኝ የግል ድርጅት ነው፡፡**<br>7) **"የፊልም ፕሮዳክሽን አገልግሎት" ማለት ታሪክና ፈጠራ ሥራን መሠረት በማድረግ ፊልም ወይም ዶክማመንተሪ በማዘጋጀት ለህዝብ የሚያቀርብ ድርጅት ማለት ነው፡፡**<br>8) **"የቲያትር ፕሮዳክሽን አገልግሎት" ማለት በመድረክ የሚታዩ ወይም በሬዲዮና በተሌቪዥን የሚሠራጩ ቲያትሮችና ድራማዎች በማዘጋጀት ለህዝብ የሚያቀርብ ማለት ነው፡፡**<br>9) **"ሙዚቃና ፊልም ከውጪ የማስመጣትና የማከፋፈልአገልግሎት" ማለት በድምጽና በቪዲዮ የተቀናበሩ የተለያዩ ሙዚቃዎችና ፊልሞችን በካሴት፣በሲዲ፣ በዲቪድ በቪኤችኤስ("VHS")ናበሌሎች የኤሌክትሮኒክስ ህትመቶች ከውጭ ሐገር** | **Service"** means an organization that presents for public preparing theatre and drama shown on stage or disseminated on radio and television.<br>9) "**Film and Music Importion and Distribution Service**"means an organization that imports from foreign country different music and film composed with soundand videoin cassette, CD, DVD, VHS and other electronicspublicationsand distributesin the country.<br>10) "**Film and Music Preparation Studio Service**" means an organization or a place where differentsongs, music and films recorded with sound and video are composed and whare cassette, DVD, VCD and other electronics publications are prepared and reproduced.<br>11) "**ElectronicsMusical Instrument Song Service**"means an |

| | | |
|---|---|---|
| dhaabbata yookiin iddoo qophiin sirbootaa, faaruwwan, muuziqaa fi fiilmiiwwan adda addaa sagalee fi viidiyoodhaan waraabamani keessatti qindaa'aniifi kan kaaseettaan,"DVD", "VCD"fi maxxansaalee elektirooniiksii biroon kan keessatti qopheefamaniifi baay'ifaman jechuu dha.<br>11) **"Tajaajila Sirbaa Meeshaa Muuziqaa Elektrooniksii"** jechuun dhaabbata muuziqaa, sirba, faaruu, weelluufi kan kana fakkaatan bashannana adda addaa irratti meeshaa elektrooniksiitiin fayyadamtootaaf dhageessisuun tajaajila kan kennu jechuu dha.<br>12) **"Oomishaafi Gurgurtaa Meeshaa Aadaa Ogummaa Harkaa"** jechuun dhaabbata meeshaa aadaa kan akka meeshaa mana keessaa, uffata aadaa, faaya, fakkii, fakkii boca harkaa fi kan kana fakkaatan oomishuun yokiin kan oomishaman gurguruun tajaajila kan kennu jechuudha.<br>13) **"EegumsaafiKunuunsa Biqiltuuwwan, Bineensootaafi Hawwata Uumamaa"**jechuun dhaabbata lafa magaalaa keessaa yookiin maagaalaa alatti da'oo bineensaafi simbira, biqiltuu uumamaafi hawwata uumamaa kanaan walafakkaatan biroo kunuunsuudhaan tajaajila daawwannaa kan kennu | በማስመጣት በአገር ውስጥ እንዲሰራጭ የሚያደርግ ድርጅት ማለት ነው፡፡<br>10) **"የፊልምና የሙዚቃ ዝግጅት እስቱዲዮአገልግሎት"** ማለት የተለያዩ ዘፈኖች፣ መዝሙሮች፣ ሙዚቃዎችና ፊልሞች በድምጽና በቪዲዮ ተቀርጸውና ተቀናብረው በካሴት፣ "በዲቪድ"፣ "በቪሲድ"ና በሌሎች ኤሌክትሮንክስ ህትመቶች የሚዘጋጅበትና የሚባዛበት ድርጅት ወይም ቦታ ማለት ነው፡፡<br>11) **"በኤሌክትሮኒክስ ሙዚቃ መሣሪያ የዘፈን አገልግሎት"** ማለት በተለያዩ የመዝናኛ ፕሮግራሞች ላይ ኤሌክትሮኒክስ መሣሪያ በመጠቀም ሙዚቃ፣ ዘፈን፣ መዝሙርና የመሳሰሉትን በማሰማት አገልግሎት የሚሠጥ ድርጅት ማለት ነው፡፡<br>12) **"ባህላዊ የእጅሙያ ዕቃዎች ማምረቻና መሸጫ"** ማለት ባህላዊ | organization that renders service by presenting music, songs, and alikeon various entertainments for users usingelectronics musical instrument.<br>12) **"Production and Sale of CulturalHandcraft Item"**means an organization that renders service by producing or selling culturalitems such as home furniture, cultural garment, jewelry, painting, handicraft and other similar items.<br>13) **"Protection and Conservation of Plants, Animals and Natural Attraction"**means an organization that renders show service by conserving animal and bird's shelter, natural plant and other similar natural attraction on land in city or outside city.<br>14) **"Land Beautifying Service"**means an organization that renders service ofbeautifying land in city or outside city by planting tree, grass and |

| | | |
|---|---|---|
| jechuudha.<br>14) **“Tajaajila Bareechisa Lafaa”** jechuun dhabbata hojii lafa magaala keessatti yookiin maagaalaa alatti biqiltuu, margaa fi abaaboo bifa adda addaa dhaabuudhaan lafa bareechisuu irratti tajaajila kan kennu” jachuu dha.<br>15) **“Tajaajila Miidhaagsaa Yookiin Cokoo Manaa”** jechuun dhaabbata qaamolee tajaajila adda addaa kennaniif yookiin manneen dhuunfaaf yookiin iddoowwan cidhaa, jilaa, agarsiisa fi walga’iin adda addaa itti gaggeefamuu fi kan kana fakkaatan miidhaagsuun tajaajila kan kennu jechuu dha.<br>16) **“Tajaajila Qindeessaa Qophii Addaa”** jechuun dhaabbata qophiiwwan adda addaa kan akka agarsiisa, jilaawwan, cidha, koraa fi kan kana fakkaatan qaamota adda addaatiif qindeessuudhaan tajaajila kan kennu jechuu dha.<br>17) **“Tajaajila Kunuunsaafi Daawwachiisaa Hambaa”** jechuun dhaabbata bakka bu’ummaa qaama mootummaa dhimmi ilaalu irraa argateen hambaawwan seenaa, aadaafi uumamaa kunuunsuufi daawwannaaf haala mijeessuudhaan kan daawwachiisu jechuu dha.<br>18) **“Tajaajila Hoteelaa”** jechuun dhaabbata yoo xiqqaate tajaajila bu’uuraa kan akka iddoo bultii, | **ዕቃዎችአንደ የቤት ዕቃዎች፣ የባህል አልባሣት፣ጌጣጌጥ፣ ሥዕል፣ ቅርፃ ቅርፅና የመሣሰሉትን በማምረት ወይም የተመረቱትን የመሸጥ አገልግሎት የሚሰጥ ድርጅት ማለት ነው፡፡**<br>13) **“የዕፅዋት፣ የእንስሳትና የተፈጥሮ መሥህብ ጥበቃና እንክብካቤ” ማለት በከተማ መሬትውስጥ ወይም ከከተማ ውጪ የእንስሳትና የእድዋት መኖሪያ፣ የተፈጥሮ ተክልና መስህብ እንዲሁም የመሣሰሉትን በመንከባከብ የማሣየት አገልግሎት የሚሰጥ ድርጅት ማለት ነው፡፡**<br>14) **“መሬት የማሥዋብአገልግሎት” ማለት በከተማ መሬትውስጥ ወይም ከከተማ ውጪ አትክልት፣ ሣርና የተለያዩ ዓይነት አበቦችን በመትከል መሬት የማሥዋብ አገልግሎት የሚሠጥ ድርጅት ማለት ነው፡፡**<br>15) **“ቤት የማስዋብና** | flower of different color.<br>15) **“Decorating Service”** means anorganization that renders service by decorating for bodies which provide different service or private houses or a place where weeding, exhibition and different meeting as well as other similar occasions are under taken.<br>16) **“Special Program Coordination Service”**means an organization that rendersservice for different bodies by coordinating various programs such asexhibition, conference, weeding crmoney, meetingand similar gathering.<br>17) **“Preservation and Show of Heritage”**means an organization having representationfrom concerned government body to preserve and facilitate conditions to show historical, cultural and natural heritage. |

nyaataafi dhugaatii kennu ta'ee, akka dandeetti isaatti tajaajila bashannanaa adda addaa dabalataan kennu jechuu dha.

19) **"TajaajilaMoteelaa"**jechuun dhaabbata tajaajila bu'uura moteelaa, iddoo bultii tajaajila nyaataa fi dhugaatii akkasumas buufata boba'aa fi gaaraajii kennuudhaaf qarqara magaalaatti yookiin magaalaa ala daandii gurguddaa gubbaatti kan ijaaramu jechuu dha.

20) **"TajaajilaPeensiyoonaa"** jechuun dhaabbata tajaajila iddoo bultiifi tajaajila nyaata cireefi dhugaatii alkoolii hin taane qofa kankennujechuudha.

21) **"TajaajilaLoojii"** jechuun dhaabbata tajaajila hoteelaa kennuudhaaf naannoo hawwattootaa kan akka lageewwanii, gaarrewwanii, haroowwanii, bosonootaa, paarkootaafi kan kana fakkaatan itti ijaaramu ta'ee, haalli ijaarsa manaafi meeshaan ittiin ijaaramu akkasumas qodaafi cokoon mana keessaa haala naannoo sanaa kan akka aadaa uummataafi qabeenya uumamaa calaqqisuun ijaarame jechuu dha.

22) **"Tajaajila Mana Ciree"** jechuun dhaabbata tajaajila nyaata cireefi dhugaatii o'aafi lallaafaa alkoolii hin qabne kennu jechuu dha.

23) **"Tajaajila Kilabii Halkanii"** jechuun dhaabbata waltajjii bashannanaa

**የማሳመር አገልግሎት"** ማለት የተለያዩ አገልግሎት ለሚሰጡ አከላት ወይም ለግል ቤቶች ወይም የሠርግ፣ የጉባዔ፣ የማሳያና የተለያዩ ስብሰባዎች የሚከሄዱበት ቦታና የመሳሰሉትን የማሳመር አገልግሎት የሚሠጥ ድርጅት ማለት ነው::

16) **"የልዩ ዝግጅት ማቀናበር አገልግሎት"** ማለት እንደ እግዝቢሽን፣ ጉባዔዎች ሠርግ፣ ስብሰባና የመሳሰሉትን ዝግጅቶች ለተለያዩ አከላት የማቀናበር አገልግሎት የሚሰጥ ድርጅት ማለት ነው::

17) **"ቅርስ የመንከባከብና የማሣየት አገልገልግሎት"** ማለት ጉዳዩ ከሚመለከተው የመንግሥት አካል ውክልና አግኝቶ የታሪክ፣ የባህልና የተፈጥሮ ቅርስ በመንከባከብ የማሳየት አገልግሎት የሚሠጥ ድርጅት ማለት ነው::

18) **"የሆቴል አገልግሎት ማለት"**ቢያንስ መሰረታዊ

18) **"Hotel Service"** means an organization that renders at least basic hotel service such as lodging, food and beverage andadditionally provides various entertainment services based on its capacity.

19) **"Motel Service"** means an organization established near a town or outside town alongside a high way to provide basic motel service such as lodging, food and beverage as well as fuel supply stationand garage service.

20) **"Pension Service"**means an organization that provides lodging, breakfast and nonalcoholic beverage services.

21) **"Lodge Service"**means an organization that is established around rivers, mountains, lakes, forests, parks, and alike to render hotel services;provided the way of construction of a house and the material of construction as well as furnishings reflects

qopheessuun baandiin yookiin meeshaa muuziqaa elektrooniksiitiin tajaajila bashannana muuziqaafi shubbisa halkanii kan kennu ta'ee dabalaaan tajaajila nyaataafi dhugaatii kan kennu jechuu dha.

24) **"TajaajilaHaalmijeessaa Imalaa"** jechuun dhaabbata imalaaf haala mijeessuu irratti tajaajila kennu ta'ee, dhimma tuuristiifi imaltoota biroo raawwachiisuun imaltootaaf tajaajila kan kennu jechuu dha.

25) **"Tajaajila Daawwachiisaa Naannoo"**jechuun dhaabbata qabeenya aadaa fi uumamaa hawwata tuuristii naannoo Oromiyaa keessatti argaman daawwachiisuun tajaajila kan kennu jechuu dha.

26) **"Daawwachiisaa Dhuunfaa Naannoo"** jechuun ogeessa qabeenya aadaafi uumamaa hawwata tuuristii naannoo Oromiyaa keessatti argaman dhuunfaadhaan daawwachiisuun tajaajila kennu jechuu dha.

27) **"Daawwachiisaa Dhunfaa Qe'ee "** jechuun nama dhu unfaa yookiin ogeessa toora hawwata tuuristii yookiin iddoowwan ga'umsa tuuristii iddoo jireenya isaa qofa irratti dhuunfaadhaan yookiin waldaan gurmaa'anii daawwachiisuun tajaajila kan kennu jechuu dha.

28) **"Tajaajila Kiraa**

**የሆቴል አገልግሎት የመኝታ፣ የምግብና የመጠጥ አገልግሎት የሚሠጥ ሆኖ በተጨማሪ እንደአቅሙልዩልዩየመዝናኛአገልግሎትየሚሠጥ ድርጅት ማለት ነው፡፡**

19) **"የሞቴል አገልግሎት ማለት" መሠረታዊ የሞቴል አገልግሎት መኝታ፣ ምግብናመጠጥ እንዲሁም የነዳጅ ማደያና የጋራዢ አገልግሎት ለመሥጠት በከተማ ዳር ወይም በከተማ ውጭ በዋና መንገድ ላይ የተሰራ ድርጅት ማለት ነው፡፡**

20) **"የፔኔሲዮን አገልግሎት" ማለት የመኝታ፣ የቁርስና አልኮል የሌለው መጠጥ አገልግሎት የሚያቀርብ ድርጅት ማለት ነው፡፡**

21) **"የሎጅ አገልግሎት" ማለት የሆቴል አገልግሎት ለመስጠት በወንዞች፣ ተራሮች፣ ሐይቆች፣ ደኖች፣ ፓርኮችና በመሳሰሉት መስህብ በሆኑአከባቢዎች የተሠራ ሆኖ የቤቱ አሠራርና የተሠራበት**

culture of the people and natural resources of the situation of the area.

22) "Breakfast Service" means an organization that provides breakfast, hot and non alkohole soft drink services.

23) "Night Club Service"means an organization that prepares entertainment program at night and render music and dance service by using band or electronicsmusical instrumentsin addition providing food and drink service.

24) "Travel Agent Service"means an organization, which provides service on facilitating conditionsof travel and carries out affairs on behalf of tourists and other travelers.

25) "Regional Tour Guide"means an organization that renderstour-guiding service on cultural and natural tourist attraction found in Oromia Region.

Konkolaataa Tuuristii"jechuun dhaabbata tajaajila geejjiba uummataa yookiin tajaajila geejjiba fe'iinsaa kan hin dabalanne ta'ee, daawwattoota hawwata tuuristii daawwataniif tajaajila kiraa konkolaataa kan kennu jechuudha.

29) **"Tajaajila Saafarii"**jechuun tajaajila adamsiisuu, suuraa kaasisuu, daawwannaa sinbiraa, gaara bahuu, bosona daawwachiisuu, utaalcha yookiin bashannana laga gubbaa fi tajaajila kanaa fi kan kana fakkaatan kennuudhaan kan tajaajilu jechuudha.

30) **"Tajaajila Kiraa Beeyladaa Geejjiba Tuuristii"**jechuun tajaajila fe'insaa yookiin geejjiba uummataa kan hin dabalanne ta'ee dhimma daawwannaa yookiin bashannanaa qofaaf beeylada kireessuu jechuu dha.

3. **Daangaa Raawwatiinsaa**
Dambiin kun Naannoo Oromiyaa keessatti dhaabbilee yookiin nama dhuunfaa tajaajila hojii aadaa, aartii, hoteelaafi tuurizimii irratti bobba'an hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

4. **Kaayyoo**
Tajaajilli aadaa fi tuuriizimii sadarkaa isaa akka eeggatu, akka hammayaa'uufi seera qabeessa akka ta'u taasisuu dha.

5. **Gahee Hojii Biiroo**
Dambii kana hojii irra

ቁሳቁስ እንዲሁም የቤት ዕቃውና የቤቱ አቀማመጥ የአከባቢውን ሁኔታ ማለትም የህዝቡን ባህልና የተፈጥሮ ሃብቱን በሚያንጸባርቅ ሁኔታ የተሠራ ድርጅት ማለት ነው::

22) **"የቁርስ ቤት አገልግሎት"** ማለት የቁርስ፣የትኩስና አልኮል የሌለውየለስላሳ መጠጥ አገልግሎት የሚሰጥ ድርጅት ማለት ነው::

23) **"የምሽት ክለብ አገልግሎት"** ማለትየማታ የመዝናኛ ዝግጅት በማዘጋጀት በባንድ ወይም በኤሌክትሮኒክስ የሙዚቃ መሣርያ በመጠቀም የሙዚቃና የዳንስ በተጨማሪም የምግብና መጠጥ አገልግሎት የሚሰጥ ድርጅት ማለት ነው::

24) **"የጉዞ ወኪል አገልግሎት"** ማለት ለጉዞ ሁኔታን የማመቻቸት አገልግሎት የሚሠጥ ድርጅት ሆኖ ቱሪስትና የሌሎች ተጓዦችን

26) **"Individual Regional Tour Guide"**means a professional who provide tour guiding serviceindividually on cultural and natural tourist attractionfound in Oromia Region.

27) **"Individual Local Tour Guide"** means an individual or a professional whoprovide tourguide individually or in association on tourist attraction found in a place where he lives.

28) **"Tourist Car Rental Service"**means an organization that provides car rental service for tourists visiting tourist attraction excluding public or goods transportation service.

29) **"SafariService"** means providing service such as hunting, photographing, watching birds, mountain climbing, watching forest, jumping or recreation on river and other similar service.

30) **"Tourist Animal**

| | | |
|---|---|---|
| oolchuudhaafBiiroon hojiiwwan armaan gadii ni raawwata:-<br><br>1) Dhaabbilee tajaajila aadaa fi tuurizimii irratti bobba'aniif waraqaa ragaa hayyama ogummaa ni kenna, ni haaromsa, ni haqa; ulaagaa hayyama ogummaa ni baasa.<br>2) Tajaajila kenna hayyama ogummaa irratti kennamuuf kaffaltiin barbaachisu akka kaffalamuufi mootummaaf galii akka ta'u ni taasisa.<br>3) Ulaagaa ramaddii sadarkaa dhaabbilee aadaafi tuurizimiitiif ba'u irratti hundaa'uudhaan sadarkaa ni ramada.<br>4) Qaamooleen tajaajila aadaafi tuuriizimitii hayyama ogummaa baafatanii hojjechuu isaanii akkasumas akkaataa hayyama ogummaa isaaniif kennameen qulqullinnaafi ga'umsa isaan irraa eegumu guutanii hojjechuu isaanii ni hordofa, ni to'ata, gorsaa fi deeggarsa ogummaa ni kenna, hanqina mul'ate irratti tarkaanfii sirreessaa ni fudhata, akka fudhatamu ni taasisa.<br>5) Eegumsaafi kunuunsa qabeenya aadaa fi tuurizimii, sochii tuuristootaa, daawwachiiftotaafi tajaajila kennitoota ni hordofa, hubannoofi deeggarsa adda addaa ni kenna, adeemsi | ጉዳይ የሚያስፈፅም ድርጅት ነው::<br>25) "የክልል አስጎቢኝነት አገልግሎት" ማለት በኦሮሚያ ክልል ውስጥ የሚገኙትን የቱሪስት መስህብ የሆኑትን ባህልና የተፈትሮ ሃብቶች የማስጎብኘት አገልግሎት የሚሰጥ ድርጅት ነው::<br>26) "የክልል የግል አስጎብኝነት" ማለት በኦሮሚያ ክልል ውስጥ የቱሪስት መስህብ የሆኑትን ባህልና የተፈጥሮ ሃብት በግል የማስጎብኘት አገልግሎት የሚሠጥ ባለሙያ ማለት ነው::<br>27) "የአከባቢ የግል አስጎብኝነት" ማለት የራሱን መኖርያ አከባቢየቱሪስት መስህብ በግል ወይም በማህበር በመደራጀትየማስጎብኘት አገልግሎት የሚሰጥ ግለሰብ ወይምባለሙያ ማለት ነው::<br>28) "የቱሪስት የተሸከርካሪ ኪራይ አገልግሎት"ማለት የህዝብ ወይም የጭነት ማመላለሻ | Transportation Rental Service"means hiring animal transportations only for tour or recreation purpose excluding public or goods transportation service.<br>3. Scope of Application<br>This regulation shall be applicable on organizations or individuals engaged in culture, art, hotel and tourism service work in Oromia Region.<br>4. Objective To make culture and tourism services standard, modern and lawful.<br>5. Duties ofthe Bureau<br>The Bureau shall perform the following activitiesin order to implement this regulation.<br>1) Provide profession license certificatefor organizations involved in culture and tourism service, renew and cancel same and set criteria of profession license.<br>2) Cause necessary profession license providing service fee to be paid and deposited in government treasure.<br>3) Assign levels based on the |

| | | |
|---|---|---|
| daawwaannaa seera qabeessummaafi tasgabbiin gaggeeffamuu isaa ni mirkaneessa.<br>6) Mirgi abbummaa hojii uumee aartii qaama dhimmii ilaallatuun akka eegamuufi adeemsa seeraan alaa irrattis tarkaanfiin akka fudhatamu ni taasisa, ni hordofa.<br>7) Leenjiin ogummaa dhaabbilee aadaafi tuuriizimiitiif kennamu akka babal'atu taasisuun dandeettiin seektarichaa akka cimu ni taasisa.<br>6. **Dirqama Dhaabbilee Tajaajila Aadaafi Tuurizimii**<br>Dhaabbileen kenniinsa tajaajila aadaafi tuurizimii irratti bobba'an kamiyyuu dirqamoota armaan gadii ni qabaatu:-<br>1) Tajaajila kennu irratti ulaagaa hayyama ga'umsa ogummaa barbaachisu guutanii dhihaachuun hayyama ogummaa baafachuu qaban.<br>2) Hayyama ogummaa akkaataa dambii kana keewwata 9 keewwata xiqqaa 1 jalatti tumameen haaromsiisuu qaban. | **አገልግሎትንሳይጨምር የቱሪስት መስህብለሚጎበኙ ቱሪስቶች የተሽከርካሪ አከራይነት አገልግሎት የሚሠጥ ድርጅት ማለት ነው::**<br>29) **"የሳፋሪአገልግሎት" ማለት የአደን፣ ፎቶ የማንሣት፣ አዕዋፎችን የማስጎብኘት፣ የዝላይ ወይም የወንዝ ላይ መዝናኛና የመሳሰሉትን በመስጠት የሚያገለግል ማለት ነው::**<br>30) **"የቱሪስትየእንስሳት ማጓጓዣ ክራይአገልግሎት" ማለት የህዝብ ማመላለሻ ወይም የጭነት አገልግሎትን ሳይጨምርለጉብኝት ወይም ለመዝናኛ ጉዳይ ብቻ እንስሳትን ማከራየት ማለት ነው::**<br>**3 .የተፈፃሚነት ወሠን**<br>**ይህ ደምብ በኦሮሚያ ክልል ውስጥ በባህል፣ በኪነ-ጥበብ በሆተልና ቱሪዝም አገልግሎት ሥራ ላይ በተሰማሩ ድርጅቶች ወይም ግለሰቦች ላይ ተፋፃሚነት ይኖረዋል::**<br>**4 . ዓለማ**<br>**የባህልና ቱሪዝም አገልግሎት ደረጃውን** | level assignment criteria to be set for culture and tourism organizations.<br>4) Follow up and monitor culture and tourism bodies asthey are working with profession license as well as as they are working by fulfilling the quality and competence required from them; provides advice and technical assistance; take and cause to be taken corrective measure where there is failure.<br>5) Follow up protection and preservation of culture and tourism resources as well as the movement of tourists, tour guides, and tourist service providers, provide awareness and different support, and ensurethe legality and well-being of the tour process.<br>6) Cause thecopyright of artcreativeto be protected by concerned organ and measures taken against illegal process, and follows up.<br>7) Enhance the capacity of |

| | | |
|---|---|---|
| 3) Tajaajila isaanii ilaalchisee ragaawwan barbaachisan qindeessuun yeroo gaafataman qaama dhimmii ilaaluuf kennuu qaban.<br>4) Kenniinsa tajaajila hayyama ogummaaf kaffaltii dambii kanaan murtaa’e raawwachuun mootummaaf galii gochuu qaban.<br>5) Kenna tajaajila uummataaf kennan ilaalchisee hanqina qulqullinnaafi ga’umsaa hojii keessatti mul’atu akkaataa ulaagaa baheetiin sirreessuu qaban.<br>6) Tajaajila kennaa jiran fedhii mataa isaaniitiin yoo dhaaban yookiin hayyamni ogummaa isaanii qaama mootummaa dhimmii ilaaluun yoo haqame waraqaa ragaa hayyama ogummaa baafatan deebisuu qaban.<br>7) Teessoo hojii isaanii yoo jijjiiran teessoo haaraa beeksisuu qaban.<br><br>**Kutaa Lama**<br>**KenniinsaHayyamaOgummaa**<br>**7. Dhaabbilee Tajaajila Aadaafi** | የጠበቀ፣ ዘመናዊና ህጋዊ እንዲሆን ማድረግ ነው::<br>**5 .የቢሮ ሥራ ድርሻ**<br>ቢሮውይህን ደምብ ስራ ላይማዋልየሚከተሉትን ተግባራት ያከናውናል፡-<br>1) በባህልና ቱሪዝም አገልግሎት ለተሰማሩ ድርጅቶች የሙያ ፍቃድ ምስክር ወረቀት ይሠጣል፣ያድሳል፣ይሰ ርዛል፤ የሙያ ፍቃድ መስፈርት ያወጣል::<br>2) ለሙያውፍቃድ አሰጣጥ አገልግሎት አስፈለጊው ክፍያ እ ንዲከፈልና ለመንግሥት ገቢ እ ንዲሆን ያደርጋል::<br>3) ለባህልና ቱሪዝም ድርጅቶች በሚወጣው የደረጃ መመደቢያ መሥፈርት ላይበመመሠረት ደረጃ ይመድባል::<br>4) በባህልና ቱሪዝም አገልግሎት ላይ የተሠማሩ አካላት የሙያ ፈቃድ ማውጣታቸውን እንዲሁም በተሰጣቸውየሙያ ፈቃድ መሠረት ከእነሱ የሚጠበቀውን ጥራትና ብቃት አሟልተው መስራታቸውን ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፤ ምክርና የሙያ ድጋፍ ይሠጣል፤ በታዩት ጉድለቶች ላይ የማስተካከያ እርምጃ ይወስዳል፣እንዲወሰድ ያደርጋል:: | culture and tourism sector by expanding profession training given to culture and tourism organizations.<br>**6. Obligations of Culture and Tourism Service Organizations**<br><br>Every organizations engaged in culture and tourism service shall have the following obligations:<br>1) They shall acquire profession license by fulfilling theprofession competency license criteria required on the service they render.<br>2) They shall renew profession license in accordance with article 9 sub article (1) of this regulation.<br>3) They shall organize the necessary data regarding their service and give it to the concerned bodywhere requested.<br>4) They shall deposit profession license service feethat is decided in this regulation to |

Tuurizimii Hayyamni Ogummaa Kennamuuf

Biiroon ulaagaa qajeelfamaan ba'u irratti hundaa'uun dhaabbilee tajaajila aadaafi tuurizimii armaan gadiitiif hayyamma ogummaa ni kenna.

1) Giddu gala Aadaafi Aartii,
2) Istiidiyoo Fakkiifi Fakkii Boca Harkaa,
3) Giddu gala Fakkiifi Fakkii Boca Harkaa,
4) Tajaajila Piromooshinii Aartii,
5) Tajaajila Piromooshinii Tuurizimii,
6) Tajaajila Gorsa Hojii Hoteelaafi Tuurizimii,
7) Tajaajila Gorsa Hojii Aadaafi Aartii,
8) Tajaajila Mana Kitaabaa,
9) Tajaajila Godahambaa,
10) Tajaajila Pirodaakshinii Fiilmii,
11) Tajaajila Pirodaakshinii Tiyaatiraa,
12) Tajaajila Fichisiisa Alaa-galteefi Raabsa Fiilmiifi Muuziqaa,
13) Oomisha Meeshaa Muuziqaa,
14) Gurgurtaa Taphoota Kompiitaraafi Viidiyoo Elektirooniiksii,
15) Gurgurtaa Horgoggee fi Meeshaalee Taphaa Daa'immanii,
16) Tajaajila Agarsiisa Faayeroo fi Dorgommii Bareedinaa,
17) Tajaajila Gurgurtaa Jimlaa fi Qinxaaboo

5) የበህልናቱሪዝም ሃብት ጥበቃና እንክብካቤ እንዲሁም የቱሪስቶችን፣ የአስጎበኝዎችና የአገልግሎት ሰጪዎችን እንቅስቃሴ ይከታተላል፣ ግንዛቤናየተለያዩ ድጋፎችን ይሠጣል፣ የጉብኝት ሂደት ህጋዊና የተረጋጋ መሆኑን ያረጋግጣል::
6) የኪነ-ጥበብ የፈጠራ ባላቤትነት መብት ጉዳዩ በሚመለከተው አካል እንዲጠበቅና በህገ ወጥ አካሄድ ላይ እርምጃ እንዲወሰድ ያደርገል፣ ይከታተላል::
7) ለባህልና ቱሪዝም ድርጅቶች የሚሰጠው የሙያ ሥልጠና እንዲስፋፋ በማድረግ የሴክተሩ አቅም እንዲጎለብት ያደርጋል::

6. የባህልና ቱሪዝም ድርጅቶች ግዴታ ማንኛቸውም በባህልና ቱሪዝም አገልግሎት የመስጠት ስራ ላይ የተሰማሩ ድርጅቶች የሚከተሉት ግዴታዎች ይኖራቸዋል::
1) በሚሰጠውአገልግሎት ላይ የሚያስፈላገውን የሙያ ብቃት ፈቃድ መስፈርት አሟልተውበመቅረብ የሙያ ፍቃድ ማውጣት አለባቸው::
2) በዚህ ደንብ አንቀጽ 9

thegovernment.

5) They shall correct defect of quality and competence appeared in the service they delivered to public in accordance with the set criteria.
6) They shall return their profession license certificate,where they stop rendering service at their own will or their profession license iscanceled by concerned government body.
7) They shall notify new address if they change their work address.

## Part Two

## Granting of License

7. Culture and Tourism Organization to Whom Profession License Granted

The Bureau shall grant profession license to the following culture and tourism organizations based on criteriaissued by directive.

1) Culture and Art Center,
2) Paintingand HandicraftsStudio,
3) Painting and Handicrafts

| | | |
|---|---|---|
| Meeshaa Muuziqaa,<br>18) Tajaajila Maxxansiisa Kitaabaa,<br>19) Tajaajila Istuudiyoo Qophii Fiilmiifi Muuziqaa,<br>20) Tajaajila Taphachiisa Meeshaa Muuziqaa Elektrooniksii,<br>21) Tajaajila Baandii Aadaa,<br>22) Tajaajila Baandii Hammayyaa,<br>23) Tajaajila Gurgurtaafi Oomisha Meeshaa Ogummaa Harkaa Aadaa,<br>24) Eegumsaafi Kunuunsa Biqiltuuwwan,Bineensootaa fi Hawwatoota Uumamaa,<br>25) Tajaajila Bareechisa Lafaa,<br>26) Tajaajila Qindeessaa Qophii Addaa,<br>27) Tajaajila Miidhaagsuu Yookiin Cokuu,<br>28) Kunuunsaafi Daawwachiisa Hambaa,<br>29) Mana Barumsaa Ogummaa Sarkasii,<br>30) Tajaajila Hoteelaa,<br>31) Tajaajila Moteelaa,<br>32) Tajaajila Peensiyoonaa,<br>33) Tajaajila Loojii,<br>34) Tajaajila Mana Nyaataa Aadaa,<br>35) Tajaajila Mana Nyaataa Hammayyaa,<br>36) Tajaajila Mana Ciree,<br>37) TajaajilaKilabii Halkanii,<br>38) TajaajilaHaalmijeessaa Imalaa,<br>39) Tajaajila Daawwachiisaa Naannoo, | **ንዑስ አንቀጽ (1) ስር በተደነገገው መሰረት የሙያ ፍቃድ ማሰደስ አለባቸው::**<br>**3) አገልግሎታቸውን በተመለከተ አስፈላጊመረጃዎችን አጠናክረውሲጠየቁ ጉዳዩ ለሚመለከተው አካል መስጠት አለበቸው::**<br>**4) ለሙያ ፈቃድ አገልግሎት አሰጣጥየአገልግሎት ከፍያ በዚህ ደንብ በተወሰነው መሠረት ለመንግሥት ገቢ ማድረግ አለባቸው::**<br>**5) ለህዝብ የሚሰጡትን አገልግሎት በተመለከተ በሥራ ውስጥ ለሚያጋጥሙ የጥራትና የብቃት ጉድለቶች በወጣውመስፈርት መሰረት ማስተካከል አለባቸው::**<br>**6) ዕየሰጡ የሉትን አገልግሎት በራሣቸው ፍላጎት ካቆሙ ወይም የሙያ ፈቃዳቸው ጉዳዩ በሚመለከተው የመንግሥት አካል ከተሰረዘ የሙያ ፈቃድ ምሥክር ወረቀቱን መመለስ አለባቸው::**<br>**7) የሥራ አድራሻቸውን ከቀየሩ አዲሱን አድራሻቸውን ማሣወቅ አለባቸው::**<br><br>**ክፍል ሁለት**<br>**የሙያ ፈቃድ አሠጣጥ**<br>**7. የሙያ ፈቃድ የሚሠጣቸው የባህልና ቱሪዝም ድርጅቶች ቢሮው በመመርያ** | Center,<br>4) Art Promotion Service ,<br>5) Tourism Promotion Service,<br>6) Hotel and Tourism Work Advice Service,<br>7) Culture and Art work Advice Service,<br>8) Library Service,<br>9) Museum Service,<br>10) Film Production Service,<br>11) Theater Production Service,<br>12) Film and Music Importation and Distribution Service,<br>13) Music Instrument Production,<br>14) Computer and Video Electronics Games Sale,<br>15) Doll and Children'sPlaying Objects sale,<br>16) Fashion Show and Beauty Competition Service,<br>17) Music Instrument Wholesale and Retail Service,<br>18) Book Publishing Service,<br>19) Film and Music Preparation Studio Service,<br>20) ElectronicsMusic Instruments Playing Service, |

| | | |
|---|---|---|
